Lakk. 22 Amajjii, bara 2005

Kora Sabaa moo Kora Sobaa?
SEENSA

Maqaa ummata Oromootii fii Adda Bilisummaa Oromootiin baatii Muddee 21 irraa jalqabee hanga 27, magaalaa guddittii biyya Ertiraa- Asmaraatti ”Korrii” taa’e jedhamu Kora Sabaati moo Kora Sobaati gaaffiin jedhu qabsaa’ota fayyaaleyyii biratti ardhallee deebii quubsaa hin arganne. Gurmuun Qaanqee Bosonaa korri ni taa’a jedhamu kun Kora Sabaa osoo hintayin Kora Sobaa ta’uu isaa wixinema isaa irraa kaasee saaxil-dhaabaa turullee, miseensonni fayyaaleyyiin diina ABO keessatti dhokatee haala aanjawaa eeggataa jiru jeefa isaa gadi-fageennaan waan keessa quba hinqabneef ”itti baha ijaaraa fi milkii jajjaboo teessuma Kora Sobaa kana irraa argama” jedhanii danboobaa of-dagachiisaa turan. Toltuu damboobuu fi of-gowwoomsuu callaa osoo hintayin yaroo isaanii gubanii, qabeenyaa isaanii dhangalaasanii, horii isaanii wareeganii ’Kora Sabaa’ irratti argamuuf magaalaa Asmaraa muuda dhaqan.
Haatahu malee, Korri ABO ka isaan akka qoricha tokkicha rakkoo qabsaa’ota Oromoo mudate ni fayyisa (a single panacea) jedhanii abdatanii fi kan isaan sabboontota dhugaa Oromootiif ifaajan ni hirmaachisa jedhanii hawwan osoo isaan hin dhaqin isaan dursee xumuramee isaan eege. Korri Sobaa kun duraaniyyuu wanni hawwamaa fi eeggamaa tureef, rakkoo ummata Oromootii fi qabsaa’ota Oromoo muddateef furmaata waaraa argamisiisuu osoo hintayin, ayyaan-laallatoota maqaa ABOtii fi ummata Oromiyaatiin saddiiqa siyaasaa darbatan aango irratti jabeessuu fi raggaasisuu waan tayeef ittibaani isaa ”gooticha hayyu-duree duraaniitii fi itti-aanaa isaa” muudee hobbaafate. Qaabsaa’ota fayyaalummaan kaka’anii Kora Sobaa kana muuduuf karaa dheeraa qaxxaamuranii dhaqannii fi jaleewwan aangoo qircanna jedhanii wal-harkisaan deeman marruu osoo hinjaalatin murna farra-tokkummaa ummata Oromoo taye kana gurmuu qabsaa’otaa fi ummata Oromoo irratti muudanii galan. Eeboo darbatanii jinfuu qabachuun hindandayamuu mitii ree! Ta laga geette guba geette! jedha Qaanqeen Bosonaa!
Waggoota afuran dabran keessa Gurmuun Qaanqee Bosonaa waayee teessuma Kora Saba ABO ilaalchisee maxxansaa garagaraa irratti xiinxallaa gadi-fagoo dhaleessaa turuun isaa waan dagatamuu miti. ”Gaafiin Kora Saba ABO eessa irraa ka’ee eessa ga’e?” gaaffii jedhu akka irra deebitanii qayyabattan Qaanqee Bosonaa Lakk.3 isin afeerra.
Maxxansaa ammaa kana keessatti ammoo of-irra mildhannee (retrospectively) Kora Sobaa kana maqaa ummata Oromootii fi ABOtiin ”eenuutuu waamee waamsise?” gaaffii jedhu gilgaala. Dhuma irrattis Qabsoo Bilisummaa Oromiyaa ilaalchisee farroon guddina siyaasaa hegere (political scenario) maal akka hedu akeekna.
Kora Sobaa kana Eenutuu Waame? Eenutuu Waamsise? Eenutuu Waamame? Maaliif Waamame?
Maqaa ummata guddaa Oromootii fi maqaa dhaaba kabajamaa ABOtiin Kora Sobaa kan magalaa muummittii Ertiraa- Asmaraa keessatti waamee waamsise nyaapha ta’uu isaa ummatni baldhaan Oromiyaatii fi qabsaa’onni Oromo rogaan beekuu qaban. Eessayyuu haa jiraatanii nafxanyoonni Habashaa kan Oromoo itti hajaman, kan waamanii fi waamisisan yoo ergachuu fi lolchiifachuu barbaadan qofaa ta’uu isaa seenaa Impayera Toophiyaa ni raga. Nafxanyoonni dhala Oromoo akka beyladaa fe’aatti herregan guyyama tokkoo irraanfatanii Oromoo sirnaa fi mirgaaf waamanii fi waamsisanii hin beekan. Isaan kan Oromoo waamanii fi waamsisaniif yoo ofii lamaan isaanitiif walhudhanii kuun kaan injifachuu dadhabe, Oromoo tumsa-baafatan madaala humnaa garagalchuu

duwwaadhaaf.
Bakkayyuu haa jiraatuu uumaan gita naafxanyaatii fi gabroomfataa tokkuma. ”Kuun kaan irra wayyaa qaba; sun sana irra fayyaalessa” jedhanii yaaduu fi kaan jalaa bayanii goflaa nafxanyaa biraa jala seenuun ofiin of-ajjeessuudha. (political suicide). Nafxanyaan kamiyyuu bakkayyuttuu yoo cunqursamaa nyaate malee hin jiratu. Bineensi nafxanyoota Habashaa eessumattuu taanaan yoo dhiiga Oromoo xuuxee fi laafee isaa caccabsate malee hinjiraatu. Daga-baaftotaa fi gabroomfattoonni Habashaa aangoo Impaayerittii hallanyeeffachuuf yoo wal-fixanillee humnitti jireenna isaanii gaaga’u yoo itti dhalate wali-tumsu. Humnitti Impaayera kana diigu yookiin gaaga’u kan saba Oromoo caalu akka hinjirre ammoo Nafxanyoonni Habashaa tolchanii beeku. Kanaafuu, nafxanyoonni hegeree Itoophiyaa irraa abdii hinkutin, gaaffii Oromoo irratti kaayoo fi immaammata wal-fakkaataan masakamu. Fakkeennaaf, Addi Bilisummaa Ummata Ertiraa kan gadaalee sadihiif walabummaa biyya Ertiraatiif lolaa ture guyyama tokkoo irraanfatee ”gaafiin saba Oromoo akkuma gaaffii ummata Ertiraa gaaffii walabummaa biyyaati” jedhee yookin kaayomfatee hin beeku. Bara mootummaa Dargii Shaabiyaan kan ABO leellisaa tureef, kibba Impaayera Itoophiyaa keessatti humna masaanuu tooftaa dhalee guddisuuf akka ta’e ni yaadatama. Shaabiyaan akkuma garee gita bittuu nafxanyoota Impayerichaa ”gaaffiin Oromoo gaaffii impayera Itoophiyaa keessaati” yookin ”The Oromo question is not a colonial question. It is an intra-Ethiopian nationality question” jedhee hanga ardhaatti amana.
Bara mootummaa Dargiitii fi mootummaa Wayyaanee hariiroon Shaabiyaa fi ABO gidduu ture fi jiru tokkummaa fi firummaa tarsimoo irratti bu’ursame osoo hintayin, tokkummaa fi firummaa tooftaa irratti hundaa’e dha. Jecha biraatiin Shaabiyaan akkuma wahellan isaa abdii Impayera Itoophiyaa kabeebsee bituu waan hinfixatiniif mootummaa gugguuftuu giddu-galeessa Itoophiyaa keessatti dhaabuuf sagantaa mana dheeraa lafaa qaba. Bara mootummaa Dargillee Shaabiyaan ABO akkuma human faallessituu ykn shaaxir-guduumfituu (subversive) qaadhimatee gargaare malee akka humna bilisummaaf dhaabbate walabaa tokkotti beekkannaa hin kennineef ture. ABO-lleen dirqama tooftaa kan Shaabiyaan itti qaadhimateef san guutuu waan dadhabeef gara dhumaalettii mootummaan Dargii osoo hin eeggatinii fi hin beekkatin tasa Shaabiyaan darbame.
Shaabiyaan gargaarsa tooftaa kan ABO irraa barbaade Wayyaanee irraa waan argateef, ABO akka aalaa shankooraatti xuuxee tufee Wayyaanee ammate. Hennaa ABOn Chaartara dhisee bayellee Shaabiyaan Wayyaanee tumsee WBO irratti akka duule gadaannisa yaroo gabaaduu tana keessatti dagatamu ta’uu hin qabu. Kaleessallee tayee amma, Shaabiyaan kan Oromoo waamee fi waamsisuuf bilisummaa ummanni Ertiraa gonfate san ummata Oromoo dhandhamsiisuuf osoo hin tayin humna Waayyaaneen loluun yookiin doorsisuun hawachuuf akka taye irraanfatuu hinqabnu. Sababiin hangafti mootummaan Ertiraa murna OPDO-Asmaraa maqaa ABOtii fi maqaa ummata Oromootiin golgaa siyaasaa kenneefii deggeruuf ajandama isaa galmaan gayachuufi. Sababiin dhiyeenna kana murna Shanee Gumii-OPDO-Ertiraa dhiibbaa irratti godhee Kora Sobaa teessiseefis kanuma.
Mootummaan Ertiraa akkuma hennaa Chaartaraa san barate, waan ABO irraa barbaade yoo mootummaa Wayyaanee irraa argate, gaaffii ummata Oromootii fi waadaa murna kittillayyoon isaa seenellee osoo hinhafin akka buqqee cabdeetti furguggiisee akka gatu hinmamsiisu. Mootummaan Ertiraa tumsa humna tooftaa Oromoo (tactical alliance) karoora man-gabaabee keessatti kan barbaaduuf humna walaannaa (rival) naafxanya Itoophiyaa waltajjeessaa harka kennachiisuuf yoo tawu, karoora man-dheeraa keessatti ammoo mootummaa gugguuftuu (proxy state) irraan hiixatee qabeenna biyya Oromiyaa budduuksu kibba impaayerichaa keessa kaayachuudha. ABOn yoo dirqama qaadhimameef kana lamaanuu guutuu hanqate, “sooqidda ofiif jettu mi’aa’yi yookanii daga jedhanii si darban” jedhee darbuu hinoolu akkuma

bara Chaartara darbetti.
Kora Sobaa kana kan waamee fi waamsise garee gita bittuu Habashoota Itoophiyaa duwwaa osoo hinta'in, biyyoonni Dhiyaallee harka akka keessaa quban konfaransiin maqaa ABOtii fi ummata Oromootiin baatii Sadaasaa, bara 2004, biyya Norway magaalaa Bergen keessatti godhamee ragaa qabatamaa haaluun hindanda'amne. Akkuma namuu beeku san, teessuma Bergen irratti ergamtootni Awurophaa dhiyaa ummanni Oromoo akka qabsoo hidhannoo balaaleffatee, qawwee irkisee, tokkummaa Itoophiyaa fudhatee, jimbiilfatee filmaata sobaa keessaa qoodha fudhatu dhiibbaa godhaa turan.
Kora Sobaa kan dhiyeenna kanaa ka waamee fi waamsiseelleen gorsitootuma biyyoota asii olitti akeeknee ta'uu mamii tokkollee hinqabu. Akkuma seenaan himutti, Impaayerri Itoophiyaa mahaandisoota, basaastotaa fi gargaarsa gabroomfataa alaatiin waan ijaaramteef, isa caalaa nagummaa fi jireenya impaayerattii tanaatiif kan dhimmu hinjiru. Naafxanyoota ardhallee akkuma kaleessa jireennaa fi nagummaa impaayerattii ofii ijaaranii tiksan irraa walabummaa Oromiyaa barbaaduun of-gowwoomsuudha.
Kora Sobaa kana kan taa'ee fi teessise akkuma armaa olitti ibsametti, bilisa-baaftota kaayoo ABO jalatti ijaaraman osoo hinta'in, murna xuuxillaa naafxanyaa kan sobaan jiraatuu fi soba irratti ijarameedha. Murni ayyaan-laallataa fi bitamaan kun ardhas ta'ee boru, ummata Oromootii fi qabsaa'ota Oromoo bakka hin bu'u. Murni kun yakka hiriyaa hinqabne ummata Oromiyaatii fi ABO irratti hojjateera; hojjataallee jira. Qabsoo walabummaa Oromiyaatiif godhamu kolaase; jaarmaya ummanni Oromoo akka gumaa ijaatti eegu diige; qasaa'ota gita hinqabne dhiibee alatti baase; heeraa fi seera dhaabichaa haqee walumaagalatti ummata Oromoo gabrummaa bara-baraatiif qaadhime. Gurmuu ummata Oromoo diigee garaagarummaa naannoo kan gabroomfataan Habashaa ummata Oromiyaa giddutti uume haarawoomsee golgaa aangoo ittiin koru godhate. Qabsaa'ota sadoo fi qananii mataa isaanii wareeganii jireenna guutuu bilisummaa Oromiyaatiif jecha dhiigaa fi fuuraa coccobsaa turan duguugee dhaaba keessaa baasuudhaan ayyaan-laallatoota jirreenya isaan guutuu diinaaf hojjataa turan aangoo ABO irratti baase. Kora sabaatii fi dirqama jarmayaatiif ulaagaan miseensa qaadhimu hujii qabsoo haqaa ta'uun hafee, amanamummaa diktaatara tokkootii fi murna tokkoo akkasumas naannoo tokkotti dalachuu taasise.
Teessumti Kora Sobaa kun, seenaa ABOtii fi ummata Oromoo keessatti sagaagalummaa siyaasaa ka hiriyaa hinqabne haguugguu tokko malee callabeesse. Miidhaa fi gaaga'ama dhaloota irraa gara dhalootaatti dabru, dhibdee hinfayine, ummata Oromootii fi qabsaa'ota Oromiyaa jiddutti hanqaaqe. Murni kun nyaqarsaa siyaasaa gandummaa kan qabsaa'ota fayyaaleyyiin faalaa ture ofumaa mataa isaatiif itti dhidhime. Walumaa galatti, Kora Sobaa kana kan waamee fi waamsise Adda Bilisummaa Oromootii fi qabsaa'ota isa jalatti hiriiran osoo hintayin, gamtaa gita bittuu naafxanyaa Habashaa, dheengitoota isaanii garee Awurophaa dhiyaatii fi murna xuuxillaa isaanii kan "Shanee Gumii" jedhee of-moggaase akka taye, diinas ta'e firri qabsoo bilisummaa Oromiyaa hubatuu qaba.
Haala sardamsiisaa fi gaaga'aa Qabsoo Bilisummaa Oromiyyaatii fi dhaaba keenna ABO mudate kana iggituun waan barbaachisuuf, Gurmuun Qaanqee Bosonaa ejjaannoolee daddaaqinsa hinqabne kanneen asii gadii fudhatuuf dirqama:
Ejjannoo

1. Korri maqaa ABOtii fi ummata Oromootiin godhame kun kaayoo bilisummaa Oromiyaa kan haqe, dhaaba ABO kan diigee fi tokkummaa ummata Oromoo gaaffii jala kan seensise waan tayeef, nu biratti fudhatama hinqabu.

2. Caasaalee fi qaamootni Korri sobaa kun diriirse nu biratti fudhatama hinqaban.
3. Hogganoota Korri Sobaa kun file jedhuu fi murtiilee inni dabarseefis beekannaa hin kenninu
4. Korri dhugaa kan ulaagaa hundumaa guuttatee fi qabsaa'ota Oromiyaa hundumaa ammatu, tokkummaa fi irree qabsaa'ota bilisummaa Oromiyaatiin waamama jennee amana.

Waamicha

1. Jaarmayootaa fi gurmuuleen walabaan kaayoo bilisummaa Oromiyaa irratti ijaaramne garaagarummaa xixxiqqaa nu gidduu jiru haasawaan furannee diina tarsimoo, sirna gabroomfataa Itoophiyyaa kan mootummaa Wayyaaneetiin dursamu irratti adda tokkummaa haa tolfannu! Haala qabatamaa amma jiru keessatti, jaarmayoonni walabaan kaayoo walabummaa irratti ijaaraman jetnee nu amannu: Tokkummaa, Qaama Ceehumsaa ABO, OLF Inter-Regional, IBSO, IFLO, OPLF, ATQBO fi Gurmuu Qaanqee Bosonaati.
2. Ummanni Oromiyaatii fi miseensonni ABO bakka jirtan maratti tokkummaa fi dammaqiisaan shira murni Asmaraa Qabsoo Bilisummaa Oromiyaa irratti xaxaa jiru akka dura dhaabbatan waamicha lammummaa Oromummaa isiniif dabarsina
3. Summii garaagarummaa kan murni farra-tokkummaa Oromoo taye (murni Shanee Gumii) ummata Oromootii fi qabsaa'ota Oromiyaa giddutti uumuuf yaale yaroon irratti dammaqnee tokkummaa keenna hujii fi tarkaanfiin akka mirkaneeffannu.
Tokkummaan keenya suuta suutaan tokkummaa agoobara jaarmayootaa bira dabaree gara tokkummaa Humna Bilisummaa Oromiyyaatti akka ceehu abdii fi amantii guddaa qabna!

Korri Sobaa Kora haqaatiin fashala!
Oromiyaan Tokkummaa fi irree Qabsaa'otaatiin bilisoomti!